
Kutaa 1

# Goodarree



Read Aloud

# Goodarree

Read Aloud | Kutaa 1




Kitaabni deeggarsaa kun gargaarsa maallaqaa Dhaabbata ‘USAID’ irraa argameen,walta’iinsa Dhaabbata ‘Save The Children’, Ministeera Barnootaafi Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin qophaa’ee kan maxxanfamedha.


Bara 2008/2016

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.


For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/



Goodarreen akaakuu nyaataa keessaa isa tokko.




Goodarree hidda isaatuu affeelamee nyaatama.




Goodarreen naannawa manaafi laga caffeetti oomishamuu danda'a.



Goodarreen naannawa manaatti biqilu dikee waan argatuuf baala baballata.



Goodarreen
bishaaniifi corroqa
waan hinkuufanneef
xuuxxataadha.




Goodarreen kun
nyaatatti nitola.




Kanaafuu,namoonni goodarree naannawa manaatti biqile nyaataaf baayyee filatu.




Goodarreen lagatti
biqilu immoo, akka isa
naannawa manaatti
biqiluu miti.




Corroqaafi bishaan waan kuufatuuf, niquucara.



Goodarreen kun
yeroo affeelan dafee
hinbilchaatu.



Yoo nyaatanis ni hadhaawa.



Kanaafuu, goodarree miyaawaa nyaachuuf bakki itti biqiluufi kunuunsi taasifamuuf murteessaadha.